سُورَةُ طَهَ
Suuraa Xaaha`aa

*Dura dursoo suuran tun Suuratu {Xaahaa} je'amti .

قبل كل شيء هذه سورة طه

*Isiin suuraa makkaati.

وهي سورة مكية .

*Aayaanni isi'ii dhibbaafii soddomii shani.

وآياتها {١٣٥}

*Lakkooysi isi'ii {20}.

وترتيبها {٢٠}

*Isiin eega Suuraa {maryamii} buute.

نزلت بعد سورة مريم

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahmata .qabuuti .

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

طه ﴿١﴾

1}*Ma'naa jecha kanaa Rabbu maatu beekha haa tayuu gariin ula'ma'aa {xaahan} maqaa Rabbiiti je'a. garii maqaa nabiiti je'a

*Yaa ergamaa khiyya Muhammad nuti qur'aana sirratti hin buufne .

مَآ أَنزَلْنَا عَلَيْكَ ٱلْقُرْءَانَ

2}*Akka sababaa isaatin Rakkattuu, wanni

لِتَشْقَىٰٓ ﴿٢﴾

Rabbiin nabi Muhammadiin akkas je'eef, nabi Muhammaddu eega Qur'aanni irratti bu'ee halkan dhaabbata'aa bula , miila tokkorratti dhaabbatee, hoggaa miilli tokko dadhabe kaanirra dhaabbatee. Kuffaarri hoggaa san argu, qur'aanni Muhammad dhibu'uuf bu'e, je'e hoggaa san Rabbiin aayata tana buuse yaa Muhammad ergamaa khiyya nuti qur'aana haa cinqamtu'uuf sirratti hin buufnee ,ifin cinqinii, hanguma dandeessutti ibaadaa godhee miila lamaanin lafa dhaabbadhuu rafii, soomanii faxarii takkaa ma'naan isaa yaa ergamaa khiyya Muhammad warra amanuu dideef ,maa amanuu oolan jettee lubbuu tee hin rakkisin nabsee tee hara baafachiisi namni amanu'uufii, amanuu dhabuun, harka Rabbiiti jirtii,ati wanni sirraa jiru diin isaanitti geessu'uu, eega geessitee nabsee tee yaadan hin cinqin. Wanni qur'aana buufnef si dhibu'uufii mitii .

3}*Haa tayu warra Rabbi sodaatu yaadachiisu'uufi nama isa qeebaluun qajeelchu'uufi .

إِلَّا تَذْكِرَةً لِّمَن يَخْشَىٰ ﴿٣﴾

4}*Qur'aanni nama dachi'ii samii torban ,ol fuudhamte, uumerraa dhufe.takkaa bu'e

تَنزِيلًا مِّمَّنْ خَلَقَ ٱلْأَرْضَ وَٱلسَّمَٰوَٰتِ ٱلْعُلَى ﴿٤﴾

5}*Rabbiin arshi'irratti ol taye,ol tayiin sa

ٱلرَّحْمَٰنُ عَلَى ٱلْعَرْشِ ٱسْتَوَىٰ ﴿٥﴾

isaan malu kan waa takkatti isa fakkeesun keessan hin jirre,kan waan inni ifiin yaame diduun keessan jirre kan akkanaafii akkanaan keessan jirre maalif Rabbi

waan uumametti fakkeessun kufri'i waan Rabbiin ifiin yaame diduunis kufri'ii , wanni gaarin waan sifa Rabbiin taye kan qur'aanafii hadiisatti dhufe ,kan ma'naa hedduu qabu kan ma'naan isaa gariin Rabbiin hin malle,waan makhluuqatti isa fakkeessun keessa jiruuf ,akkuma dhufetti lakkisanii ma'naa hedduu san keessa ma'naa itti fedhame Rabbumaatu beekha jechu',ma'naa Rabbi wahitti fakkeessuudhaa , didu'uun wajji .

*Rabbiin isa waan dachi'ii samii keessa jiru. لَهُۥ مَا فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِي ٱلۡأَرۡضِ

*Ammallee waan dachi'ii samii jiddu jiru uumee qabu وَمَا بَيۡنَهُمَا

6}*Ammallee isa waan dachii torban jala jiru uumee qabu . وَمَا تَحۡتَ ٱلثَّرَىٰ ٦

*Yoo du'aa'iifii zikrii keessatti qooqa ol fuute Rabbiin qooqa ol fuudhuu sanirraa dureessaa ifin dhibin وَإِن تَجۡهَرۡ بِٱلۡقَوۡلِ

7}*Rabbiin waan dhoysanii je'aniifii waan فَإِنَّهُۥ يَعۡلَمُ ٱلسِّرَّ وَأَخۡفَى ٧

sanirra dhokhatu beekhaa kan akka waan lubbuun ifiin haasoytuu kan akka yaada qalbii keessa yaa'uu kan hin dubbatin hoggaa du'aa'ii godhan ,takkaa zikrii godhan, takkaa waa qara'an qooqa ol fuudhun yaada Rabbi dhageessisu'uutin yoo taye, wallaala je'ama yookaa kufrii je'ama yoommoo waan biraatif taye , kan akka nama barsiisu'uu takkaa yoo qooqa ol fuudhe qalbiin waan biraa yaadu'urraa deebi'u'uu gaafana homaan qabu.

*Rabbiin keessan isa,isa malee Rabbiin biraa hin jirre . ٱللَّهُ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَۖ

8}*Rabbiin maqaa gagaarii qaba, maqaan Rabbii kan kan hadiisatti dhufe ,sagaltamii sagali. kan namni isa haffaze jannata seenu ,kan yoo isaan waa khadhate argatu . لَهُ ٱلۡأَسۡمَآءُ ٱلۡحُسۡنَىٰ ٨

9}*Yaa Muhammad nageenyi sirratti haa jiraatuu oduun muusa'aa si geessee , sii dhuftee ? ee sii dhufte. وَهَلۡ أَتَىٰكَ حَدِيثُ مُوسَىٰٓ ٩

*Gaafa odoo biyya { madyan} je'amturraa gara misraa jaartii isaatin wajji deemanuu dukkana keessa,ibidda argee ,warra isaatin mee as taa'aa. إِذۡ رَءَا نَارٗا فَقَالَ لِأَهۡلِهِ ٱمۡكُثُوٓاْ

*An ibiddan fogo'otti argee, na jala hin deemina'aa taa'aa. إِنِّيٓ ءَانَسۡتُ نَارٗا

لَّعَلِّيٓ ءَاتِيكُم مِّنۡهَا بِقَبَسٍ

*Ibidda sanirraan ibidda qabsiisee isinii fi-du'un khajeelaa .

أَوۡ أَجِدُ عَلَى ٱلنَّارِ هُدٗى ١٠

10}*Takkaa waan kara'atti na qajeelchun

ibidda sanirraa argadhaa maalif isaan kara'arraa badanii jiranii isaafii jaartin isaa intalti nabi {shu'eybi} bakkeen inni itti arge bakka {xuwaa} je'amtu waytiin sun halkan dukkana, kan akkaan qabbanaayu .

فَلَمَّآ أَتَىٰهَا

*Duuba hoggaa ibidda arge san bira dhufee ibidda adii mukha gurraacha yookaa maga-riisa gubbaa jiru argu .

نُودِيَ يَٰمُوسَىٰٓ ١١ إِنِّيٓ أَنَا۠ رَبُّكَ

11}*Rabbiin itti lallabee yaa muusaa an Rabbii keetii .

فَٱخۡلَعۡ نَعۡلَيۡكَۖ

*Khophee tee lamaan baafadhu .

إِنَّكَ بِٱلۡوَادِ ٱلۡمُقَدَّسِ طُوٗى ١٢

12}*Ati laga qulqulluu xahaaramaa keessa jirtaa laga { xuwaa } je'amu .

وَأَنَا ٱخۡتَرۡتُكَ

*An ummata keetirra nabiyyii si godhu'uuf si filadhee

فَٱسۡتَمِعۡ لِمَا يُوحَىٰٓ ١٣

13}*Waan narraa sii dhufu dhagayi .

إِنَّنِيٓ أَنَا ٱللَّهُ لَآ إِلَٰهَ إِلَّآ أَنَا۠ فَٱعۡبُدۡنِي

*An Rabbii tokkichaa, na malee kan ibaadaa haqa godhatu hin jiruu, ana qofa ibaadi

وَأَقِمِ ٱلصَّلَوٰةَ لِذِكۡرِيٓ ١٤

14}*Salaata salaati yaadannaa tiyyaaf waan salaanni Rabbii ifii , qalbi'iifii arrabaafii hu-mna hundaan nama yaadachiiftuf jecha .

إِنَّ ٱلسَّاعَةَ ءَاتِيَةٌ

*Qiyaaman dhufu'uuf teessi

أَكَادُ أُخۡفِيهَا

*Isii dhoysuudhan fedha ,akka waytii isiin

dhuftu namni hin beynef,akkuman waytii du'aa namarraa dhoyse , akka iba-adaa tiyya jabeessaniif haa tayuu qiyaaman dhiyaatuu wanni beekhaniin asxaa ,yookaa alaamaa,heddu'u alaaman duraa xiqqoon nabi Muhammad ergamu'u ta boodaa guddoon imaamni {mahdii} je'amu tokko dhufu',eegasii alaaman qiyaaman dhaabbatu'uu hedduun wal faana dhuftii qiyaaman ni dhaabbatti .

لِتُجۡزَىٰ كُلُّ نَفۡسِۭ بِمَا تَسۡعَىٰ ١٥

15}*Akka isii keessatti namuu waan dalage argatuuf sharrii tayuu kheyrii tayuu toltuu taatuu hamtuu taatuu

فَلَا يَصُدَّنَّكَ عَنۡهَا

*Qiyaaman ni dhuftii dhugo'oomsu'urraa sin dhowwin .

مَن لَّا يُؤْمِنُ بِهَا *Namni isi'itti hin amanne kaafirri dhufa qiyaama'aa hin dhugo'oomsine .

وَٱتَّبَعَ هَوَىٰهُ *Kan waan nabseen isaa feetu jala deemu waan Rabbiin je'u didee .

فَتَرْدَىٰ ﴿١٦﴾ **16}***Yoo kaafirri guyya qiyaama'atti aman-u'urraa si dhoorge ni baddaa beekhi je'een Rabbiin.ammas Rabbiin nabi muusa'aan akki je'e.

وَمَا تِلْكَ بِيَمِينِكَ يَٰمُوسَىٰ ﴿١٧﴾ **17}***Wanni ati harka mirgaatii qabdu sun maali yaa muusaa je'een .

قَالَ *Jennaanin nabi muusan akki je'e .

هِيَ عَصَايَ *Wannin an harkaa qabu ulee tiyya .

أَتَوَكَّؤُا۟ عَلَيْهَا *Hogga'an dhaabbadhu ittin irkadha ,hogg-a'an deemus hogga'an utaalus ,hogga'an la-faa ka'us .

وَأَهُشُّ بِهَا عَلَىٰ غَنَمِي *Ammas mukhaan tumeetan ri'ee tiyyaaf baala irraa harcaasa .

وَلِيَ فِيهَا مَـَٔارِبُ أُخْرَىٰ ﴿١٨﴾ **18}***Ammalle haajaa biraatin keessa qaba kan akka waanin ba'adhu itti rarraafatu'uu,bineensan ifirraa takkaa re'erraa dhoowwu'uu,wanni muusan deebisaa dheeresseef silaa isiin ule'e , jechu'uun numa gaya Rabbiin wajji haasawa dheeressuu jaalalaafi .

قَالَ أَلْقِهَا يَٰمُوسَىٰ ﴿١٩﴾ **19}***Jannaan Rabbiin akki je'een:mee ulee harkaa qabdu tana lafatti darbi yaa muusaa je'een.

فَأَلْقَىٰهَا فَإِذَا هِيَ حَيَّةٌ تَسْعَىٰ ﴿٢٠﴾ **20}***Duuba ni darbee hoggaa darbu bofa guddaa taateti gara'aan lafarra ceete ,ciyiinsa jabaa akka bofa xixiqqa'aa .

قَالَ خُذْهَا وَلَا تَخَفْ ۖ *Duuba Rabbiin akki je'een ulee bofa taate tana qabii fudhu, hin sodaatinii,

سَنُعِيدُهَا سِيرَتَهَا ٱلْأُولَىٰ ﴿٢١﴾ **21}***Akka haala isi'ii ka duratti deebif naa bofummaa irraa deemsifneeti, ulee akka duraa goonaa,duuba dhanquu isi'ii la-maan jala hoggaa qabu,ule'etti deebite. ammas Rabbiin nabi muusa'aan akki je'e .

وَٱضْمُمْ يَدَكَ إِلَىٰ جَنَاحِكَ *Harka kee kan mirgaa bobaa tee ta bita'aa cinaachatti maxansii kaayi,

*Harka adii tayeeti bayaa, تَخۡرُجۡ بَيۡضَآءَ

*Addeenya dhukkubaa odoon tayin ,duuba harki duraan magaalaa hoggaa achi jala kaayee baasu ifaa akka adu'uu taye, مِنۡ غَيۡرِ سُوٓءٍ

22}*Mukgjizaa biraa tan akka ule'ee tayee. ءَايَةً أُخۡرَىٰ ﴿٢٢﴾

23}*Wanni kana si barsiifnef akka hoggaa لِنُرِيَكَ مِنۡ ءَايَٰتِنَا ٱلۡكُبۡرَى ﴿٢٣﴾

mukgjizaa harkaa tana mul'isuu feete akkasitti seensiftee baaftufe akka isiin irra guddoo mukgjiza'aa tan mukgjizaa ule'errallee guddo'oo, tan ati ergamaa Rabbii tayuu akkaan beysiftu taate,si garsiifnu'uufi wanni Rabbiin mukgjizaa tana nabi muusaa odoon ergin khophaa isaa garsiisef akka hoggaa firkgawnatti isa ergee mukgjizaa itti mul'ise hin rifanne'eefi uleen tun ta aadam jannatarraa ifiin wajji bu'eeni.... tan anbiyoonni walirra dhaala'aa dhufan, hanga nabi muusaa geesutti isiin ulee dhanquu qabduu qabdu waanuma fedhe nabi muusa'aaf taati,hanga odoo asheeta wahii fedhee lafa dhaabee magartee hoggasuma asheeta irraa nyaatutti ammoo harki hoggaa mukgjizaa isaa mul'isuu fedhe shanacha isaati bobaa jala seensisee baasa guyyaa akka adu'utti halkan akka ji'atti ifa, ammoo akka duratti deebisuu yoo fedhe bobaa jalatti deebisaa nuuri yookaa ifaan shanacharraa deemeti akka aada'atti deebi'a

*Rabbiin mu'jizaa lamaan muusaa garsiise akki je'een firkhawna mootii misratti dhaqii isaafii warra isaan wajji jiru qajeelchi mu'jizaa tana itti mul'isii. ٱذۡهَبۡ إِلَىٰ فِرۡعَوۡنَ

24}*Inni jallina keessa wasanaa bayee an Rabbi ifiin je'ee. إِنَّهُۥ طَغَىٰ ﴿٢٤﴾

*Jennaanin muusan akki je'ee Rabbi khadhate قَالَ

25}*Yaa Rabbi qoma tiyya naa bal'isi, akkan waan ati itti na ajajjeen dhaabbatuu dandayu . رَبِّ ٱشۡرَحۡ لِي صَدۡرِي ﴿٢٥﴾

26}*Dalagaa tiyyaa naa laaffisi akkan bakkaan gayu . وَيَسِّرۡ لِيٓ أَمۡرِي ﴿٢٦﴾

27}*Loqodiinsa arraba kiyya keessa jiru narraa hiikkii narraa deemsisi . وَٱحۡلُلۡ عُقۡدَةً مِّن لِّسَانِي ﴿٢٧﴾

28}*Akka warri itti na ergite dubbii tiyya يَفۡقَهُواْ قَوۡلِي ﴿٢٨﴾

beekhu loqoduun tun,wanni irraa argamte fir'awnatu muusaa xiqqa'aa dura, cilaa ibiddaa khaayee, timira seyee afaan kaayatee arrabni gubate haatayuu Rabbii irraa deemsisee,akkuma inni kadhatetti nabi muusan,waan Rabbiin itti ajaje dalagu'uu jecha , waan dalaga'arratti isa gargaaru hunda Rabbii isaa khadhatee akki je'e .

وَٱجۡعَل لِّي وَزِيرٗا مِّنۡ أَهۡلِي ٢٩ هَٰرُونَ أَخِي ٣٠

2930}*Qondaala{waziira}dalagaa erga'aa tanarratti na gargaaru nama kiyyarraa naa godhi sun obboleessa khiya haaruunii .

ٱشۡدُدۡ بِهِۦٓ أَزۡرِي ٣١

31}*Duddaan na jabeessi dalaga'arrattiin na jabeessi .

وَأَشۡرِكۡهُ فِيٓ أَمۡرِي ٣٢

32}*Dubbii ergaa keetittis naa ida'i nabiyyii godhii

كَيۡ نُسَبِّحَكَ كَثِيرٗا ٣٣ وَنَذۡكُرَكَ كَثِيرًا ٣٤

33-34}*Akka waan siin hin mallerraa si qulqulleessinu akka wajjin si du'aa'ii tee heddommeessinuu .

إِنَّكَ كُنتَ بِنَا بَصِيرٗا ٣٥

35}*Yaa Rabbi ati haala keenya gartee nu qananiiftee nabiyyummaa nuu kennitee galanni keeti jennaan Rabbiin akki je'een .

قَالَ قَدۡ أُوتِيتَ سُؤۡلَكَ يَٰمُوسَىٰ ٣٦

36}*Yaa muusaa waan barbaadde argatte ,sii kennine je'een .

وَلَقَدۡ مَنَنَّا عَلَيۡكَ مَرَّةً أُخۡرَىٰٓ ٣٧

37}*Dhugumaan qananii biraa taati nun kadhatiniin si qananiifnee jirra, qananii ha-nga sadeetii geessun.saddeettan hunoo tana .

إِذۡ أَوۡحَيۡنَآ إِلَىٰٓ أُمِّكَ

*Takka gaafa haadha tee manaaman takkaa waarida'aan beysifne .

مَا يُوحَىٰٓ ٣٨

38}*Waan dubbii teetitti rarra'u gaafa si dhaltee firkgawna mootin misraa joollee ajjeessuu tureen wajji si ajjeesuu sodattee, akka taatu dhabde .

أَنِ ٱقۡذِفِيهِ فِي ٱلتَّابُوتِ

*Wanni isi'iin jenne gurbaa kee sanduuqa tolchii keessa kaayii .

فَٱقۡذِفِيهِ فِي ٱلۡيَمِّ

*Sanduuqa san bahara {niil} yookaa laga {abbayya} kan wallagaa ka'ee biyya misraa seenutti darbi

فَلۡيُلۡقِهِ ٱلۡيَمُّ بِٱلسَّاحِلِ

*Bishaan niil qarqara bishaanii kan galma firkgawnaa dura jirutti haa darbuu .

يَأْخُذْهُ عَدُوٌّ لِّي وَعَدُوٌّ لَّهُۥ

*Duuba firkgawna,xilaanni kiyyaafii,kan isaa ni fudhataa , kanuma ajjeessu'uu barbaadutu fudhataa jenneen .

وَأَلْقَيْتُ عَلَيْكَ مَحَبَّةً مِّنِّي

*Ammoo eega firkgawna si fudhatee bakka si ajjeessu jaalala teetii du'uu gaye, waanin an si jaaladhee jaalala namaa sirratti darbeef jecha. kan namni si argu marti si dhabuu hin dandeenye.

وَلِتُصْنَعَ عَلَىٰ عَيْنِيٓ ﴿٣٩﴾

39}*Akka laalcha kiyya yookaa tika kiyya jalatti guuddattu mana mootii misraa keessatti nyaataa dhugaatii gaarii sii tolchanii si qananiifne .

إِذْ تَمْشِيٓ أُخْتُكَ

*Gaafa obboleettintee {maryam }deemtu ,oduu tee baru'uuf.bakka bishaan si geesse laalu'uuf kan nama si hoosisu heddu sii fidanii, harma tokkollee hodhuu diddee duuba obboleettin tee ,sii harka firkgawnaa jiru kan ati waan harma taye didde, kan ormi, sun akka si godhan dhabanii rakkatan gartee

فَنَقُولُ

*Isaanin jettu .

هَلْ أَدُلُّكُمْ عَلَىٰ مَن يَكْفُلُهُۥ

*Nama gurbaa kana, isinii guddisu gaari`itti isin qajeelchuu jetteenii,eehamanii, haatetitti si fiddee kan isaan obboleettii tee tayuu, haadha teetis haadha tee tayuu,hin beyne akkasitti harma haadha teetii hoote .

فَرَجَعْنَٰكَ إِلَىٰٓ أُمِّكَ

*Karaa saniin haadha teetitti si deebifne .

كَيْ تَقَرَّ عَيْنُهَا

*Akka ijji isi'ii,qalbiin, isi'ii si argu'uun gammaddee,gad teessuf .

وَلَا تَحْزَنَ

*Akka si yaadu'uun hin hubanne .

وَقَتَلْتَ نَفْسًا

*Ammas gaafa nama gosa mootii misraa tokko kaafira ajjeeftee yaaddoytee rakkatte firkgawna na miidhaa soda'aaf .

فَنَجَّيْنَٰكَ مِنَ ٱلْغَمِّ

*Duuba yaadafii Rakkoo san jalaa si baafne .

وَفَتَنَّٰكَ فُتُونًا

*Akkasitti waa heddu'uun fitnaa si goonee si mokkorree, hundarraa nagaya si baafne sii amata firkgawna waan dhiira taye ,kan bara san dhalate hunda ajjeessu dhalattee ajjeechaa isaa jalaa nagaya si baafnee namicha kaafira, biya isaa keessatti ajjeeftee ummata isaa jalaa nagaya si baafne

فَلَبِثْتَ سِنِينَ فِيٓ أَهْلِ مَدْيَنَ

*Warra{madyan}kan biyya nabi shu`eyb ke--essa amata khudhan teessee,re'ee tissitee intala nabi shu'eyb,{safuuraa} fuutee, ammoo san dura amata soddoma biyya misraa teessee

ثُمَّ جِئْتَ عَلَىٰ قَدَرٍ يَٰمُوسَىٰ ﴿٤٠﴾

40}*Eegasee waytii hanga namni irratti ergamutti nutti dhuftee,sun amata afurtama guutu'uu

وَٱصْطَنَعْتُكَ لِنَفْسِى ﴿٤١﴾

41}*Si maraxadhee yookaa filadhe akka ergamaa kiyya taatee waan an siin je'e qofa dalayduuf duuba waan kana hundaanan si qananiisee .

ٱذْهَبْ أَنتَ وَأَخُوكَ بِـَٔايَٰتِى

*Tanaaf jecha siifii obboleessi kee {haaruun} namatti dhaqaa mu'jizaa teenyan ,diinaa keenya fuusisaa , qabachiisaa .

وَلَا تَنِيَا فِى ذِكْرِى ﴿٤٢﴾

42}*Zikrii tiyyarraa hin laafinaa ,

ٱذْهَبَآ إِلَىٰ فِرْعَوْنَ إِنَّهُۥ طَغَىٰ ﴿٤٣﴾

43}*Firkgawnatti dhaqaa , inni an Rabbii je'ee jallina keessa wasanaa bayee .

فَقُولَا لَهُۥ قَوْلًا لَّيِّنًا

*Afaan laafa'aan , karaa isan arrabsineen jallinarraa deebi'i je'aan .

لَّعَلَّهُۥ يَتَذَكَّرُ أَوْ يَخْشَىٰ ﴿٤٤﴾

44}*Gorfamee,azaaba rabbii sodaatee, jallinarraa deebi'uun , ni khajeelamaa ..

قَالَا رَبَّنَآ إِنَّنَا نَخَافُ أَن يَفْرُطَ عَلَيْنَآ

*Jennaan muusa'aafii, haaruun akki je'an yaa Rabbii keenya namichii kun yoo iimanatti isa yaamne daddafee nu qixaaxuu sodaanna.

أَوْ أَن يَطْغَىٰ ﴿٤٥﴾

45}*Takkaa nutti if guddisee , kufrii ida'atuu sodaanna .

قَالَ لَا تَخَافَآ ۖ إِنَّنِى مَعَكُمَآ

*Jennaanin humaan sodatinaa,an isiniin wajjin jiraa gargaarsa khiyyaanin isin bira dhaabbadhaa ,

أَسْمَعُ وَأَرَىٰ ﴿٤٦﴾

46}*Waan isin jettan nan dhagayaa , waan isin dalaydan nan argaa . waan isaan isiniin je'aniifii waan isaan dalagan hunda nan dhagayaa nan , argaa .

فَأْتِيَاهُ

*Itti dhaqaa hin sodatina'aa

فَقُولَآ إِنَّا رَسُولَا رَبِّكَ

*Nuti ergamoota Rabbii keetitii .

فَأَرۡسِلۡ مَعَنَا بَنِيٓ إِسۡرَٰٓءِيلَ

*Ilmaan isra'iil,warra misra keessa jiru hunda nuuf gad dhiisi , fuuneti shaamitti galchinaa .

وَلَا تُعَذِّبۡهُمۡۖ

*Asitti hiitee dalaysiifattee hin cinqursinii ,

قَدۡ جِئۡنَٰكَ بِـَٔايَةٖ مِّن رَّبِّكَۖ

*Akka nuti ergamoota Rabbii taane mu'jizaa Rabbii keetirraa sitti finnee jirraa .

وَٱلسَّلَٰمُ عَلَىٰ مَنِ ٱتَّبَعَ ٱلۡهُدَىٰٓ ٤٧

47}*Nageenyi Rabbii, nama qajeelerratti jiraa isaatu azaaba Rabbirraa nagaya bayaa

إِنَّا قَدۡ أُوحِيَ إِلَيۡنَآ أَنَّ ٱلۡعَذَابَ عَلَىٰ مَن كَذَّبَ

*Wanni Rabbirraa nu gaye , azaabni nama waan nuti dhufneen khijibsiisee

وَتَوَلَّىٰ ٤٨

48}*Irraa gara galerratti jiraa, je'aadhan je'een duuba itti dhaqaniiti waan Rabbiin je'aadhan je'een cufa je'aniin .

قَالَ فَمَن رَّبُّكُمَا يَٰمُوسَىٰ ٤٩ قَالَ

49}*Jennaanin firkgawna akki je'een yaa muusaa Rabbiin keessan eenyu

رَبُّنَا ٱلَّذِيٓ أَعۡطَىٰ كُلَّ شَيۡءٍ خَلۡقَهُۥ

*Rabbiin keenya isa waan uume hundaaf suuraa kopha'aa tan waan biraatin adda gootu kennee .

ثُمَّ هَدَىٰ ٥٠

50}*Eegasii waan hunda waan uumefitti , waan nyaatufii,waan dhugutti,akka .ataa itti jiraatutti , muka akka itti saarutti qajeelchee , je'een .

قَالَ فَمَا بَالُ ٱلۡقُرُونِ ٱلۡأُولَىٰ ٥١

51}*Jennaanin firkgawna waan dubbatu dhabee akki je'een yoo Rabbiin kee,kan akkasii taye, maalli haalli ummata dabree kan akka ummata nuuhg, maalif isaan isa ibaaduu oolanii waan biraa ibaadan eega inni kan waa hunda razaqu tayee ,eega inni kan waa hunda uumee qajeelche tayee je'een.

قَالَ عِلۡمُهَا عِندَ رَبِّي

*Jennaanin nabi muusan akki je'een haala ummata sanii beekun Rabbii kiyya bira jira, qoramee, katabamee,

فِي كِتَٰبٖۖ

*Kitaaba lowhgulmahgfuuz je'amu keessatti,

لَّا يَضِلُّ رَبِّي

*Wanni takkalleen beekkomsa Rabbii kiyyaa jalaa hin baddu,

وَلَا يَنسَى ٥٢

52}*Rabbiin waa takka hin irraanfatu wa-

nni isaan dalagan hundi kitaaba dalagaa namaa keessattis katabamtee jirtii, Rabbii guyyaa boruu irraa isaan gaafatee, isaan qixaaxu'uu jiraata.

*Rabbiin kiyyaa kan dachii isinii afee akka irratti jiraattanitti isinii uume. ٱلَّذِى جَعَلَ لَكُمُ ٱلْأَرْضَ مَهْدًا

*Kan karaa lafarraan yaatan, isinii laafise , وَسَلَكَ لَكُمْ فِيهَا سُبُلًا

*Rabbiin kan rooba sami'ii isinii roobse yookaa buuse ,Rabbiin dubbii muusa'aa guutee akki je'e, وَأَنزَلَ مِنَ ٱلسَّمَآءِ مَآءً

*Duuba rooba saniin magarsine . فَأَخْرَجْنَا بِهِۦٓ

*Gosa waan mayruu hunda أَزْوَٰجًا مِّن نَّبَاتٍ

53}*Tan adda addaa dhandhamaafii biffalle'een, شَتَّىٰ ﴿٥٣﴾

*Midhaan waan nuti magarsinee nyaadhaa, beyladaa teessan dheechifadhaa. كُلُوا۟ وَٱرْعَوْا۟ أَنْعَٰمَكُمْ

*Waan dubbanne keessa , إِنَّ فِى ذَٰلِكَ

*Ragaa dandeytii Rabbii waan gorfamaniintu jira , لَءَايَٰتٍ

54}*warra aylii guutuu qajeeltuu qabuuf. لِّأُو۟لِى ٱلنُّهَىٰ ﴿٥٤﴾

*Dachi'irraa isin uumne abbaa keessan . مِنْهَا خَلَقْنَٰكُمْ

aadam biyye'erraa uumu'uun, takkaa matuma keessanuu biye'erraa uumu'uun, maalif malaaykan Rabbii ilmoo gadaameysa seentu hunda bishaan isiin irraa uumamte, san biyyee namni sun itti awwaalamu fuutee itti laayxi, takkaayuu makhte akkasitti namni hundi biyye'erraa uumame,

*Ammas dachi'itti isin deebifna,eega duutanii itti awwaalamtanii, وَفِيهَا نُعِيدُكُمْ

55}*Eegasii dachii keessaa isin baafna lammada dirree qiyaama'aa dhaabbatu'uu jecha, akkuma gaafa isin uumu'uu kaane, dachi'irraa isin uumne. وَمِنْهَا نُخْرِجُكُمْ تَارَةً أُخْرَىٰ ﴿٥٥﴾

* Isiin suuraa madiina'aati. وهي مدنيــة

*Dhugumaan firkgawna mukgjizaa teenya saylan hunda garsiifnee, وَلَقَدْ أَرَيْنَٰهُ ءَايَٰتِنَا كُلَّهَا

فَكَذَّبَ

*Haa tayuu hin dhugo'oomsinee, ni kijibsiise, mukgjiza'aa mitii, falfala je'ee,

وَأَبَىٰ ﴿٥٦﴾

56}*Tokkummaa Rabbii yaaduu didee.

قَالَ

*Firkgawna akki muusa'aan je'e:

أَجِئْتَنَا لِتُخْرِجَنَا مِنْ أَرْضِنَا بِسِحْرِكَ يَٰمُوسَىٰ ﴿٥٧﴾

57}*Si falfala keetin, biyya teenya, misrarraa nu baaftee, ifii mootummaa misraa qabatu'uu jecha nutti dhuftee, yaa muusaa?.

فَلَنَأْتِيَنَّكَ بِسِحْرٍ مِّثْلِهِۦ

*Duuba eega falfalaan dhuftee,nutis falfala akka falfala keetitiin sitti dhufna, takkaa sii baanaa,

فَٱجْعَلْ بَيْنَنَا وَبَيْنَكَ مَوْعِدًا

*Waytiin nuufii ati falfalaan walii bayu'uu walitti dhufnu, nuu godhi, qaaxaroo nuu qabi,

لَّا نُخْلِفُهُۥ نَحْنُ وَلَآ أَنتَ

*Kan nuufii atis qaaxaroo sanirraa hin hafne,

مَكَانًا سُوًى ﴿٥٨﴾

58}*Bakka walitti dhufnu, jiddu jireytii nuufii sirraa qixxee fagaattu nuu godhi.

قَالَ

*Jennaan muusan akki je'een ,

مَوْعِدُكُمْ يَوْمُ ٱلزِّينَةِ

*Qaaxaroon teessan guyyaa faayati, inni guyyaa iida isaanii kan faayatanii wal gayanii sun guyyaa aashuura'aa guyyaa sabti'iitii

وَأَن يُحْشَرَ ٱلنَّاسُ ضُحًى ﴿٥٩﴾

59}*Guyyaa san warri misraa hundi waytii waare'ee wallitti dhufu'u.waan naafii isin jiddu'utti argamu laalu'uuf.

فَتَوَلَّىٰ فِرْعَوْنُ

*Duuba firkgawna achii ka'ee.

فَجَمَعَ كَيْدَهُۥ

*Warra yaada bada'arratti isa gargaaru ,falfaltoota walitti qabee,

ثُمَّ أَتَىٰ ﴿٦٠﴾

60}*Guyyaa qaaxaro'oo falfaltootan wajji dirree wal gayaa dhufe.

قَالَ لَهُم مُّوسَىٰ

*Duuba hoggaa falfaltoonni dirree sanitti wal gayu isaan nama torbaatamii lama , nabi muusan akki je'een,

وَيْلَكُمْ

*Rabbi isin haa balleessuu .

لَا تَفْتَرُوا۟ عَلَى ٱللَّهِ كَذِبًا

*Kijiba Rabbirraan kaayinaa, waan biraa itti qindeessitanii,

فَيُسْحِتَكُم بِعَذَابٍ ۖ

*Isin balleessaa,ni galaafamtanii,azaaba isaa sodadhaa

وَقَدْ خَابَ مَنِ ٱفْتَرَىٰ ﴿٦١﴾

61}*Namni kijiba Rabbirraa kaaye dhugumaan badee, khasaaramee.

فَتَنَٰزَعُوٓاْ أَمْرَهُم بَيْنَهُمْ وَأَسَرُّواْ ٱلنَّجْوَىٰ ﴿٦٢﴾

62}*Duuba falfaltoonni maqoo bayanii wal maryatanii, wanni waliin je'an isaan lamaan kun ,muusa'aafii: haaruun baananii, falfaltoota. takkaa wanni isaan waliin je'an, dhoysa'aan, yoo isaan lamaan nu mooyatan, ni amanna, yoo moone karaa keenyarratti hafna waliin je'an.

قَالُوٓاْ

*Wanni isaan ifiin je'an,

إِنْ هَٰذَٰنِ لَسَٰحِرَٰنِ

*Isaan lamaan kun falfaltootaa ,

يُرِيدَانِ أَن يُخْرِجَاكُم مِّنْ أَرْضِكُم بِسِحْرِهِمَا

*Falfala isaanitiin biyya teessanirraa isin baasanii,

وَيَذْهَبَا بِطَرِيقَتِكُمُ ٱلْمُثْلَىٰ ﴿٦٣﴾

63}*Matoota, hayyoota keessaniin galatuu fedhan hoggaa sihgrii isaanii guddoo argan, gama isaanii goranii .takkaa makgnaan {xariiqaa} isaanitiin deemu'uu {sihgri'iini} falfala nuti jiraannuun kana nu harkatti balleessanii ifii jiraatu'uun fedhanii.

فَأَجْمِعُواْ كَيْدَكُمْ

*Sihgrii,yookaa falfala keessan walitti qabaa jabeessa'aa

ثُمَّ ٱئْتُواْ صَفًّا ۚ

*Salfiidhan itti dhufaa, muusa'aafii haaruunitti,

وَقَدْ أَفْلَحَ ٱلْيَوْمَ مَنِ ٱسْتَعْلَىٰ ﴿٦٤﴾

64}*Namni ar'a mooyate yookaa irra aane nuufii isaanirraa dhugumaan milkaaye,maalif nuti yoo moone mootichi baallama nuu seenee jira, ammoo yoo muusa'aafii obbolleessi isaa mooye mootummaa guddoo nuti argannu argatan, falfaltoonni hundinuu, addaan ule'eefii haadan deemmatan.

قَالُواْ يَٰمُوسَىٰٓ إِمَّآ أَن تُلْقِيَ

*Falfaltoonni dirree san dhufnaan wanni nabi muusa'aan je'an:yaa muusaa dalagaa jalqabnaa, tanaaf jecha takkaa ati jalqabdee, waan darbitu darbuu,

وَإِمَّآ أَن نَّكُونَ أَوَّلَ مَنْ أَلْقَىٰ ﴿٦٥﴾

65}*Takkaa nuti nama dura darbu tayuu lamaanirraa tokko filadhu,dubbii sirraa eeynaa . ormi sun adabaan nabi muusan dubbisan .

قَالَ بَلْ أَلْقُواْ ۖ

*Jennaanin nabi muusan wanni je`een isin

jalqaba'aa darbaa, maalif odoo inni dura darbee faaydan waan inni darbuu akkaan hin mul'attu,akka hoggaa isaan dura darbanii inni duuban dhufee, waan san hunda balleessu mul'attutti, tanaafi malee waan biraatifii miti, anbiyaan waan hamtu'utti hin ajajju,duuba falfaltoonni jalqabanii ule'eefii haada harkaa qaban falfala itti godhanii gad lakkisan, yookaa darban,

*Duuba haadafii uleen isaanii, فَإِذَا حِبَالُهُمْ وَعِصِيُّهُمْ

*Wanni muusa'atti fakkaate, sababaa sihgriidhatiin, يُخَيَّلُ إِلَيْهِ مِن سِحْرِهِمْ

66}*Akka bofa gara'aan deemuu itti fakkaatte. أَنَّهَا تَسْعَىٰ ﴿٦٦﴾

67}*Duuba sodaan garaa nabi muusa'aa buute, mukgjizaan isaatifii sihgriin isaanii namatti wal fakkaatteti isatti amanuu oolan je'eeti sodaate, waan sihgriin isaanii gosa mukgjizaa isaa taatef jecha. فَأَوْجَسَ فِي نَفْسِهِ خِيفَةً مُّوسَىٰ ﴿٦٧﴾

*Wanni nabi muusa'aan jenne, hin sodaatin yaa muusaa, قُلْنَا لَا تَخَفْ

68}*Siitu injifatee irra aanaa . إِنَّكَ أَنتَ الْأَعْلَىٰ ﴿٦٨﴾

*Waan harka kee kan mirgaa keessaa qabdu, waan isaan dalagan sanitti darbi ,itti gad dhiisi, وَأَلْقِ مَا فِي يَمِينِكَ

*Waan isaan dalagan, falfala isaanii hunda liqimsitii, تَلْقَفْ مَا صَنَعُوا

*Wanni isaan tolchan, heelaa nama falfala godhuutii mukgjizaa tee dura dhaabbatuu hin dandeessuu, إِنَّمَا صَنَعُوا كَيْدُ سَاحِرٍ

69}*Namni sihgrii godhu, bakka dhufe hundatti hin milkaayuu, duuba ulee isaa waan isaan godhan falfala isaan bofa godhanii, laga bofaa kan yaa'u namattii fakkeessanitti darbee,waan san hunda liqimsitee, akka duratti deebite eega bofa guddaa taatee, waan san hunda liqimsitee. وَلَا يُفْلِحُ السَّاحِرُ حَيْثُ أَتَىٰ ﴿٦٩﴾

*Duuba warri falfala godhu sun hoggaa waan uleen muusa'aa goote argan, akka humna Rabbii malee,humniti namaa waan san hin dalayne tayuu hubataniiti, Rabbii muusaa ergee, mukgjizaa san kenneefii, sujuudu'uu jecha, lafatti if darbanii sujuudanii, فَأُلْقِيَ السَّحَرَةُ سُجَّدًا

70}*Rabbii haaruunifii muusaa ergetti am- قَالُوا آمَنَّا بِرَبِّ هَارُونَ وَمُوسَىٰ ﴿٧٠﴾

anne je'an

قَالَ ءَامَنتُمۡ لَهُۥ قَبۡلَ أَنۡ ءَاذَنَ لَكُمۡۖ

*Isaan amannaan, firkgawna akki je'een: si odoodhan an amanuu isinii hin eehamin itti amantanii ?,

إِنَّهُۥ لَكَبِيرُكُمُ

*Wanni muusa'atti amantaniif,isaatu kabiira keessan,

ٱلَّذِي عَلَّمَكُمُ ٱلسِّحۡرَۖ

*Kan falfala isin barsiisee isaaf tumsitanii,

wanni dadhabbii teessan mul'iftaniif gurra isaa ol fuudhu'uufi je'ee akka namni isaanirratti laalatee hin amanne'eef jecha,sababaa isaan amananiif dhiisee ,waan biraa dubbate kabiira keessanii tanaaf itti amantan je'ee.haa tayuu wanni isaan amananiif hayn'i Rabbii, dirree bayee mul'annaani.akka firkgawnafii warri achi dhufe hundi arge. ammas warra achi dhufe sodaachisu'uuf, akka harkaa hin amanneef wanni orma amane saniin je'e:

فَلَأُقَطِّعَنَّ أَيۡدِيَكُمۡ وَأَرۡجُلَكُم مِّنۡ خِلَٰفٖ

*An isiniifan kakhadhaa harkaafii miila keessan nan ciccira. wal dhabsiisee harka mirgaatifii miila bita'aa muree,

وَلَأُصَلِّبَنَّكُمۡ

*Isinin fannisa isin rarroosa,

فِي جُذُوعِ ٱلنَّخۡلِ

*Muka timirratti ,

وَلَتَعۡلَمُنَّ أَيُّنَآ أَشَدُّ عَذَابٗا وَأَبۡقَىٰ ٧١

71}*Beekhu'uuf jiraattan anaafii Rabbii muusa'aa kan itti amantan san,kamtu azaaban irra jaba'aa, kamtu azaabni isaa irra waaraa yookaa turaa hubatu'uuf jiraattan je'een .

قَالُواْ لَن نُّؤۡثِرَكَ

*Jennaanin wanni je'aniin: nuti sin filannu,

عَلَىٰ مَا جَآءَنَا مِنَ ٱلۡبَيِّنَٰتِ

*Waan mukgjiza'arraa nuu dhufe adii nabi muusan ergamaa Rabbii tayuu nuu addeessiturra si filannee amanuu hin dhiifnu,

وَٱلَّذِي فَطَرَنَاۖ

*Rabbiin nu uumen sii khakhannee haqa nuu mul'ate dhiifnee, siin maraxannuu, yookaa filannuu ,

فَٱقۡضِ مَآ أَنتَ قَاضٍۖ

*Waan feete nu godhi waa takka waan ati nu gootuu hin badannu,

إِنَّمَا تَقۡضِي هَٰذِهِ ٱلۡحَيَوٰةَ ٱلدُّنۡيَآ ٧٢

72}*Wanni ati nutti murtu , addunyumma tanarratti addunyaan waan dhumaatii nuti jiruu aakhira'aa gaarii san khajeellaa, waan murte nutti muri .

إِنَّآ ءَامَنَّا بِرَبِّنَا لِيَغْفِرَ لَنَا خَطَٰيَٰنَا

*Nuti Rabbiin keenyatti amannee, akka dilii teenya nuu araaramu, dilii yookaa cubbuu kufri'ii kan keessa turreefii,

وَمَآ أَكْرَهْتَنَا عَلَيْهِ مِنَ ٱلسِّحْرِ ۗ

*Akkammallee dilii dalagaa falfalaa tan ati itti nu dirqite, nuu araaramuuf,

وَٱللَّهُ خَيْرٌ

*Rabbiin sirra nuu caala, sawaaba isaatitu waan ati nuu kenniturraa nuu caala, yoo itti amanne,

وَأَبْقَىٰٓ ﴿٧٣﴾

73}*Ammallee azaaba Rabbiitu azaaba keetirra waara, yookaa namatti dheerate, yoo itti amanuu baanne.

إِنَّهُۥ مَن يَأْتِ رَبَّهُۥ مُجْرِمًا

*Namni isaa kaafiraa du'ee, dilii kufri'iitin Rabbii isatti dhufe,

فَإِنَّ لَهُۥ جَهَنَّمَ

*Ibidda jahannamtu isaa qophaayee isa eeggata

لَا يَمُوتُ فِيهَا وَلَا يَحْيَىٰ ﴿٧٤﴾

74}*Ibidda azaabaa san keessatti, du'ee hara hin baafatu, ammallee jiruu isa fayyaddu tan azaaba hin qabne hin jiraatu, inni azaaba keessa zalaalamii taa'a, kan hoggaa ibiddi coraa irraa fixe haaroyni mayruuf.

وَمَن يَأْتِهِۦ مُؤْمِنًا قَدْ عَمِلَ ٱلصَّٰلِحَٰتِ

*Warri Rabbitti amanee waan gaarii fardi'iifii sunnaa dalagee Rabbi isatti dhufe,

فَأُو۟لَٰٓئِكَ لَهُمُ ٱلدَّرَجَٰتُ ٱلْعُلَىٰ ﴿٧٥﴾

75}*Warra saniif darajaa ol aantu'uutu jira

جَنَّٰتُ عَدْنٍ

*Darajaan ol aantun sun, jannata teessumaati

تَجْرِى مِن تَحْتِهَا ٱلْأَنْهَٰرُ

*Kan jannata san jala lagootin yaatu,

خَٰلِدِينَ فِيهَا ۚ

*Kan zalaalamii jannata san keessa taa'anii, qanani'an,

وَذَٰلِكَ جَزَٰٓؤُا۟ مَن تَزَكَّىٰ ﴿٧٦﴾

76}*Sun jazaa nama dili'irraa qulqullaayeti dalaguu dhabuudhan,yookaa towbaa dhuga'aa irraa towbatuudhan irraa deebi'uudhan

وَلَقَدْ أَوْحَيْنَآ إِلَىٰ مُوسَىٰٓ

*Nabi muusa'atti dhaamnee jirra,

أَنْ أَسْرِ بِعِبَادِى

*Gabroottan kiyya warra sitti amane banii israa'iil ,warra firkgawna gabroonfatu san halkan keessa biyya misratti baasii deemin karaa bahar jennaan, nabi muusan karaa lafaa, gara shaam hin deemnee baharittiin qajeele, waan Rabbiin akkanatti deemi isaan je'eef, duuba hoggaa baharri dura dhufu, ulee isaatin dhawu'utti ajajame

فَٱضۡرِبۡ لَهُمۡ طَرِيقٗا فِي ٱلۡبَحۡرِ يَبَسٗا

*Wanni jenneen bahara isin dura dhufu san ule'een dhayii, karaa goggogaa bahara keessa isaanif baasi, duuba bahara san ulee isaatin dhoynan Rabbiin bahara addaan muree dachii isaa goggoysee karaa saniin dabran,

لَّا تَخَٰفُ دَرَكٗا

*Firkgawnatu na dhaqqabaa hin sodaattu,

وَلَا تَخۡشَىٰ ٧٧

77}*Bahartu na fuudha'as hin sodaattu jenneen.

فَأَتۡبَعَهُمۡ فِرۡعَوۡنُ بِجُنُودِهِۦ

*Duuba firkgawna muusan faan bayanii beynan, ashkara likkiin qabne fudhatee isaan hordofu'utti, yookaa faana dhawu'utti seenan

فَغَشِيَهُم مِّنَ ٱلۡيَمِّ مَا غَشِيَهُمۡ ٧٨

78}*Duuba firkgawna hoggaa bahara karaa goggogaa tayee ummanni muusa'aa dabre arge, irraan deebinee , hordofuu itti fufe,ashkaraan wajjiin,duuba hoggaa ummanni muusa'aa hundi gama ceyu, kan firkgawna faan wal'akkaa bahar jiran, baharri walitti deebi'ee firkgawnafii ashkara isaa liqimsee ukkaamse, {Yammi} jechuun, bahara jechu.

وَأَضَلَّ فِرۡعَوۡنُ قَوۡمَهُۥ وَمَا هَدَىٰ ٧٩

79}*Firkgawna ummata isaa na ibaadaa isaanin je'uudhan ni jallisee hin qajeelchine ,badi'itti isaan darbe

يَٰبَنِيٓ إِسۡرَٰٓءِيلَ

*Yaa ilmaan yakgquub,

قَدۡ أَنجَيۡنَٰكُم مِّنۡ عَدُوِّكُمۡ

*Dhugumaan diina keessan firkgawnarraa nagaya isin baafnee jirra,baharitti isa darbu'uun .

وَوَٰعَدۡنَٰكُمۡ جَانِبَ ٱلطُّورِ ٱلۡأَيۡمَنَ

*Ammas bakka moggaa mirgaa gaara xuuritti, towraat isinii kennu'uuf qaaxaroo isinii qabnee jirra .

وَنَزَّلۡنَا عَلَيۡكُمُ ٱلۡمَنَّ

*Gammoojjii siini'aa keessatti, waan {mannii}je'amu,isinii buufnee jirra, namuufuu suguda tokko tokko ganama hunda, manniin waan adii mi'aayaa akka sukkaraati kan bariisa'arraa hanga aduun baatutti bu'u, inni waan baala mishinga'arratti ganama bu'u fakkaata ,

وَٱلسَّلۡوَىٰ ٨٠

80}*Ammallee foon shinbirro'oo mi'aayaa kan namuu hanga fedhe qalatee nyaatu isinii buufnee jirra, warri dubbiin laaltu yahuuda zamana nabi Muhammad jirtu, Rabbiin waan abbootii isaanitii godheen itti dhaaddata akka galata isaaf galchanii itti amananiif.

كُلُواْ مِن طَيِّبَٰتِ مَا رَزَقۡنَٰكُمۡ

*Wanni isiniin jenne: waan mi'aayaa halaal nuti isinii kennine isinii uumne nyaadhaa,

dhugaa,

وَلَا تَطْغَوْا۟ فِيهِ

*An isin qananiisun, isin hin kaasin, an isinitti bal'isuun diliii dalagu'utti isin hin kaasin hin qooqinaa ni'maa kiyyaan,

فَيَحِلَّ عَلَيْكُمْ غَضَبِى ۖ

*Azaaba, yookaa bala'aatu narraa isinitti bu'aa isinittin danlanaa,

وَمَن يَحْلِلْ عَلَيْهِ غَضَبِى

*Namni danlansuun tiyya itti buute,

فَقَدْ هَوَىٰ ﴿٨١﴾

81}*Dhugumaan badee,dhugumaan ibidda keessa kufee.

وَإِنِّى لَغَفَّارٌ

*An kan akkaan araaramu,

لِّمَن تَابَ

*Nama Rabbitti waa qindeessu'urraa debi'eef,

وَءَامَنَ

*Rabbii tokkichatti amanee .

وَعَمِلَ صَٰلِحًا

*Waan gaarii dalagee, fardi'iifii sunnaa,

ثُمَّ ٱهْتَدَىٰ ﴿٨٢﴾

82}*Kan qajeelee hanga du'utti waan dubanne kanarratti deemef akkaan araaramu.

۞ وَمَآ أَعْجَلَكَ عَن قَوْمِكَ يَٰمُوسَىٰ ﴿٨٣﴾

83}*Yaa muusaa maaltu, orma kee kan wajji akkan yaatan biraa, jarjarsee si fide? sun gaafa kitaaba towraat fudhatu'uuf gaara xuuritti yaa'anii nama torbaatamiin wajji, kan muusan jara saniin na dhaqqabaa je'ee, bakka itti yaa'an san dura dhaqe achitti Rabbiin maaltu si jarjarse je'een

قَالَ هُمْ أُو۟لَآءِ عَلَىٰٓ أَثَرِى

*Jennaanin yaa Rabbii isaanis kunoo na faana jiran, amma dhufan,

وَعَجِلْتُ إِلَيْكَ رَبِّ

*Yaa Rabbi wannin ummata kiyya dura jarjaree,miila fuudhef,wannin dafee dhufeef

لِتَرْضَىٰ ﴿٨٤﴾

84}*Akkan jaalala tee ida'adhuufi akka dalagaa tiyya narra jaalattuufi.

قَالَ فَإِنَّا قَدْ فَتَنَّا قَوْمَكَ مِنۢ بَعْدِكَ

*Jennaan Rabbiin akki je'een: yaa muusaa nuti ummata kee,eega ati biraa deemtee, mokkorree jirra, akka ati si faana dhufuu seetee mitii,

وَأَضَلَّهُمُ ٱلسَّامِرِىُّ ﴿٨٥﴾

85}*Namichi{muusas saamirii} je'amu isa an jallisee dibichaan Rabbi je'anii, ibaadanii, muusan kun {muusaa ilma muzaffar} je'ama, inni gosa yahuuda'aa tan {saamiraa} je'amurraayi,isa jibriiltu guddise ,maalif haati isaa {firkgawnatu} gorra'aa sodatteti goda qottee kheessa

kheesse, achitti jibriil quba isaa sadeen hoosisee ,kan tokko aanan bayaafii, tokko dhadhaa, tokko dayma bayuuf guddise, duuba{muusan ilma imraan} kan firkgwna guddise, nabiyyii tayeeti muusan ilmi {muzaffar} kan jibriil guddise kafaree jallatee namallee jallisee , ummata nabi muusan qajeelchu'utti jiru, jalaa gara galche .

فَرَجَعَ مُوسَىٰٓ إِلَىٰ قَوْمِهِۦ

*Duuba nabi muusan eega bakka dhaqe sanitti kitaaba towraat je'amu Rabbiin kenneefii, ummata isatti deebi'e

غَضْبَٰنَ أَسِفًا ۚ

*Isaa waan namichi san dalagerraa dallansuu guddoo qabu,kan yaada guddaa qabu ,

قَالَ يَٰقَوْمِ

*Wanni je'e:yaa ummata kiyya maa akkana taatan,

أَلَمْ يَعِدْكُمْ رَبُّكُمْ

*Si Rabbiin keessan baallama isinii seenee hin jiruu?

وَعْدًا حَسَنًا ۚ

*Baallama dhuga'aa kitaaba towraatin isinii kenna je'ee,

أَفَطَالَ عَلَيْكُمُ ٱلْعَهْدُ

*Si zamana kitaaba san isinii fuudhu'uu je'ee isin biraa deemetu isinitti dheeratee? sun hin dheeranne guyyaa afurtama qofaa,

أَمْ أَرَدتُّمْ أَن يَحِلَّ عَلَيْكُمْ غَضَبٌ مِّن رَّبِّكُمْ

*Takkaa si azaabni Rabbii keessanirraa isinitti bu'uu feetanii,

فَأَخْلَفْتُم مَّوْعِدِى ﴿٨٦﴾

86}*Kan sanii jettanii baallama kiyya diiydaniif baallamni nabi muusan isaanirraa fuudhe, hoggaa bakka towraat itti fudhatu dhaqu'uu kha'u isinis na faana koottaa diin Rabbii akkan qabadha je'eenii akkasitti baallama seenaniif, duuba jalaa hafanii, waan Rabbiin tayin ibaadanii, baallama isaa diigan, tanaaf maalif diiydan je'een.

قَالُوا۟ مَآ أَخْلَفْنَا مَوْعِدَكَ بِمَلْكِنَا

*Jennaanin nuti fedhii teenyan baallama kee hin diiyne,

وَلَٰكِنَّا حُمِّلْنَآ أَوْزَارًا

*Haa tayuu ba'aa guddoo ba'annee fuunee finne,

مِّن زِينَةِ ٱلْقَوْمِ

*Faaya orma firkgawnaa guddaa kan fuunee if biraa qabnu..dubraan heerumsiifna jenneeti orma firkgawnarraa ergifannee odoo hin deebisiniif biyya misraatii baane faaya santu nu bira jiraa,

فَقَذَفْنَٰهَا

*Duuba{saamiriin}wanni muusan isin irraa tureef dilii faaya kanaatifii walitti qaba'aa ibiddatti darbaa nuun je'ee ,duuba hoggaa inni baqu suuraa dibichaa irraa tolche {saa-

miriin} ,

فَكَذَٰلِكَ أَلْقَى ٱلسَّامِرِيُّ ﴿٨٧﴾

87}*Akkasuma{saamiriin}kun suuraa dib-ichaa tan meetafii ziqiyarraa tolche sanitti biyyee faana farda jibriilirraa fuudhee qabu naqe,takkaayuu darbe ,darbinaan suuran sun dibicha dhuga'aa taatee jiraate.

فَأَخْرَجَ لَهُمْ عِجْلًا

*Akkasitti dibicha isaanii tolche,

جَسَدًا لَّهُۥ خُوَارٌ

*Dibicha jiraa baroodu, qaamaa, lubbuu qabu,

فَقَالُوا۟

*Duuba saamiri'iifii warri saamiri'iin wajji jiru, wanni ummata kaanin je'e ,

هَٰذَآ

*Dibichi kun,

إِلَٰهُكُمْ وَإِلَٰهُ مُوسَىٰ

*Rabbii keessanii ,ammallee Rabbii muusa'aatii.

فَنَسِىَ ﴿٨٨﴾

88}*Muusan Rabbii isaa asitti irraanfateeti bakka{xuur} je'amtutti barbaaduu dabree je'aniin,duuba Rabbiin akki je'e .

أَفَلَا يَرَوْنَ

*Si warri dibicha san ibaadu hin arguu,

أَلَّا يَرْجِعُ إِلَيْهِمْ قَوْلًا

*Akka dibichi sun waan isaan gaafataniif deebisaa hin kennine?

وَلَا يَمْلِكُ لَهُمْ ضَرًّا

*Kan dararaa isaanirraa deebisuu hin dandeenye taye,

وَلَا نَفْعًا ﴿٨٩﴾

89}*Akka inni kan waan gaarii isaanii hin finne taye hin arganii,ni argan jechu'u, duuba waan akkasii akkamiin Rabbi godhatanii gabbaran?

□

وَلَقَدْ قَالَ لَهُمْ هَٰرُونُ مِن قَبْلُ

*Odoo nabi muusan maqo'orraa isaanittin hin deebi'in nabi{haaruun} wanni isaanin je'e:

يَٰقَوْمِ إِنَّمَا فُتِنتُم بِهِۦ ۖ

*Wanni{saamiriin} godhe kun waan isin mo-kkoramtaniini, waan isaan jallattanii

وَإِنَّ رَبَّكُمُ ٱلرَّحْمَٰنُ

*Waaqni keessan Rabbii isin uumee , waa hundaan isin qananiisuu,kan waan itti haajamtan hunda isinii uumuu ,

فَٱتَّبِعُونِى وَأَطِيعُوٓا۟ أَمْرِى ﴿٩٠﴾

90}*Na jala deema'aa Rabbii tokkicha ibaadaa, isaatu ibaadaa haqa godhataa dibichaa mitii, dubbii tiyya dhagaya'aa, dibicha gab-

baruu dhiisaa je'eenii jira.

قَالُوا۟ لَن نَّبْرَحَ عَلَيْهِ عَـٰكِفِينَ

*Jennaanin wanni je'aniin dibicha kanarratti wal geenyee isa ibaadu'urraa hin deemnu, hin dhiifnu waan ati nuun jettu jecha

حَتَّىٰ يَرْجِعَ إِلَيْنَا مُوسَىٰ ﴿٩١﴾

91}*Hanga muusan nutti deebi'uun je'aniin .

قَالَ

*Nabi Muusan deebi'ee waan isaan itti jiran agarraan akka biratti aaree, obboleessa isaa haaruun areedafii rifeensa mata'aa qabee,

يَـٰهَـٰرُونُ مَا مَنَعَكَ إِذْ رَأَيْتَهُمْ ضَلُّوٓا۟ ﴿٩٢﴾ أَلَّا تَتَّبِعَنِ ۖ

92}*Yaa haaruun hoggaa ummata akkatti jallate garte ,maaltu biraa kaatee na jala deemuu si dhoowwe? maaltu akkan an dallanetti dallanuu si dhoowwe?

أَفَعَصَيْتَ أَمْرِى ﴿٩٣﴾

93}*Si ajaja kiyya diddee? kanin ummata kiyya keessatti hafii, khaliifaa naa tayii, waan bade taye tolchii karaa warra lafa balleessuu hin deemin siin je'e?

قَالَ يَبْنَؤُمَّ

*Jennaanin{haaruun} wanni muusa'aan je'e : yaa ilma haadha tiyya .

لَا تَأْخُذْ بِلِحْيَتِى

*Areeda kiyya nan qabin,

وَلَا بِرَأْسِىٓ ۖ

*Mataa kiyyallee nan qabin wanni akk ana je'eenif muusa'aatu mata'aafii areeda isaa qabee, mirgaan rifeensa mata'aa qabe, duuba garaa laaffifatuu jecha : yaa ilma haadha tiyyaa, akkas nan godhin je'een,

إِنِّى خَشِيتُ أَن تَقُولَ فَرَّقْتَ بَيْنَ بَنِىٓ إِسْرَٰٓءِيلَ

*An waanin sodaadhe, wannin nama na wajji jiru,kan hin jallatiniin wajji,jara jallate dhiisee,si jala deemuu dhabeef ummata israa'iil adda facaafte yookaa adda baafte ,

وَلَمْ تَرْقُبْ قَوْلِى ﴿٩٤﴾

94}*Odoo waanin an je'u hin eegin odoo waanin an isaan godhu hin barin,naan jettaa sodaadhetan,waa takkalleen dalaynee ,si eege akka ati akka gartetti dubbii tolchituuf.

قَالَ فَمَا خَطْبُكَ يَـٰسَـٰمِرِىُّ ﴿٩٥﴾

95}*Duuba nabi muusan eega tumsi isaa nagaya qabaa,bakkuman an itti abdadhe jiraa hubatee,xilaata isaa, kan ummata balleessetti garagalee ,maali yaa {saamirii} wanni dalagaa hamtuu tanatti si kaase? maalif akkas dalayde? je'een.

قَالَ بَصُرْتُ بِمَا لَمْ يَبْصُرُوا۟ بِهِۦ

*Jennaanin wanni je'e: waan ummanni hin arginan arge,sun jibriiltu fardaan sitti dhufee firkgawna balleessu'uuf, duuba lubbuun tiyya biyyee faana fardaa jalaa fuudhi naan jettee ,

فَقَبَضْتُ قَبْضَةً مِّنْ أَثَرِ ٱلرَّسُولِ

*Duuba bakka fardi jibriil dhaabbaturraa waan khabala tokko gayu fuudhee wanni,wanni sun tuyxe hundi kan jiraatu tayuu agarraan, faaya warra firkgawnaa kan ibiddatti haramee baqe sanitti darbee maal tayaa laaluu muradhee,

فَنَبَذْتُهَا

*Duuba waanin faana farad jibriil jalaa fuudhe san,faaya sanitti darbe, hogga'an darbu , faayni sun dibicha foonifii dhiigaa kan baroodu, takkaa qooqa akka baroodaa qabu taye,

وَكَذَٰلِكَ سَوَّلَتْ لِى نَفْسِى ﴿٩٦﴾

96}*Akkasitti lubbuun tiyya waan san natti bareechitee dalagaa isatti na kaafte,ammas ummanni kee Rabbi nuu tolchi je'anii sirra barbaannan wannin arge akka dibichi kun waan isaan barbaadan san tayuuf.

قَالَ

*Nabi muusa'aan ajjeesu'uu ka'ee Rabbiin irraa dhoowwinaan akki je'een,

فَٱذْهَبْ

*Nu keessa bayii deemi,

فَإِنَّ لَكَ فِى ٱلْحَيَوٰةِ

*Qixaan'i kee hanga jiruu teetii,

أَن تَقُولَ لَا مِسَاسَ ۖ

*Nan tuqinaa jechu'uu,duuba Rabbiin jecha kana afaanitti darbee,bakka deemuu ,diida keessa deemee kophaa isaa hoggaa namni itti dhiyaate,nan tuqinaa, nattin dhiyaatin, je'een, nabi muusan akka nam tokkolleen isan dubbifne akka nam tokkolleen ittin gurgurre irraan binne, ajaja baasee, akkasitti ummata keessaa baasee, nabi muusan ammas akki je'een:

وَإِنَّ لَكَ مَوْعِدًا

*Aakhira'attis waytii,yookaa qaaxaroo qixaaxa keetif godhamteetu siif dhufu'uu jiraata ,

لَّن تُخْلَفَهُۥ ۖ

*Kan qaaxaroo azaaba keetii san ati hin hanqanne,kan itti kaafamtee oofamtu sun guyyaa qiyaama'aatii,

وَٱنظُرْ إِلَىٰٓ إِلَٰهِكَ ٱلَّذِى ظَلْتَ عَلَيْهِ عَاكِفًا ۖ

*Mee Rabbii kee dibicha ati tolchitee isa ibaadu'uuf bira taa'uu turtee laali .

لَّنُحَرِّقَنَّهُۥ

*Ibiddaan gubnaa daaraa goonaa .

ثُمَّ لَنَنسِفَنَّهُۥ فِى ٱلْيَمِّ نَسْفًا ﴿٩٧﴾

97}*Eegasii daaraa isaa baharitti facaafna

je'een,duuba akkuma je'een sanitti dibicha san gorra'ee,eegasii gubee, daaraa godhee,daara san baharitti azooree, wanni ummata isaatin nabi {muusan} je'e.

إِنَّمَآ إِلَٰهُكُمُ ٱللَّهُ ٱلَّذِى لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ ۚ

*Rabbiin keessan Rabbii tokkicha, isa malee Rabbiin biraa hin jirre, kan waan isa fakkaatu hin qabne,

وَسِعَ كُلَّ شَىْءٍ عِلْمًا ﴿٩٨﴾

98}*Kan beekkomsi isaa waa hundaaf bal'ate, qissaan nabi muusa'aa asirratti dhaabbatti, Rabbiin nabi muhammadiin akki je'e.

كَذَٰلِكَ

*Akkuma qissaa muusa'aa siif odeessine

نَقُصُّ عَلَيْكَ مِنْ أَنۢبَآءِ مَا قَدْ سَبَقَ ۚ

*Oduu biraa, tan warra si dura dabree sii odeessina, akka ummanni kee haala warra gaari'iitifii haala warra bada'aa addaan baree, nama gaarii jaalatee nama hamaa jibbuuf,

وَقَدْ ءَاتَيْنَٰكَ

*Dhugumaan sii kennine,

مِن لَّدُنَّا

*Kennaa teenyarraa ifuma biraa,

ذِكْرًا ﴿٩٩﴾

99}*Qur'aana waan addunya'aa aakhira'atti rarra'u mara nama yaadachiisu.

مَّنْ أَعْرَضَ عَنْهُ

*Namni qur'aanatti amanuu didee irraa gara gale,

فَإِنَّهُۥ يَحْمِلُ يَوْمَ ٱلْقِيَٰمَةِ

*Inni guyyaa qiyyaama'aa ni ba'ata,

وِزْرًا ﴿١٠٠﴾

100}*Ba'aan dili'ii ulfaattuu. qixaaxa isi'iiti ba'ata jechu'u.

خَٰلِدِينَ فِيهِ ۖ

*Kan qixaaxa dilii sanii keessa zalaalamii taa'an,

وَسَآءَ لَهُمْ يَوْمَ ٱلْقِيَٰمَةِ حِمْلًا ﴿١٠١﴾

101}*Ba'aan isaanii ta guyyaa qiyaama'aa waa isaanii hammaattee, sun ba'aa dili'iitii.

يَوْمَ يُنفَخُ فِى ٱلصُّورِ ۚ

*Guyyaa garriin lammeysa'aa afuufamtu,

وَنَحْشُرُ ٱلْمُجْرِمِينَ يَوْمَئِذٍ

*Kan guyyaa san kuffaara walitti qabnu,

زُرْقًا ﴿١٠٢﴾

102}*Isaanii ijji isaanii bule'ee,fuulli gurraachomu'uun wajji.

يَتَخَٰفَتُونَ بَيْنَهُمْ

*Suuta wal jiddu'utti dhooysa'atti waliin je'an,

إِن لَّبِثْتُمْ إِلَّا عَشْرًا ﴿١٠٣﴾

103}*Halkan khudhan qofa addunyaa keessa teessan je'an,cinqiin itti jabaatuu keessa

,maalif guyyaan qiyaama'aa kaafiratti ni dheerata mu'minatti ni gabaabata.

نَّحۡنُ أَعۡلَمُ بِمَا يَقُولُونَ

*Rabbiin akki je'e nuti waan isaan je'an ni beynaa, dubbiin akka isaan je'anii miti,

إِذۡ يَقُولُ أَمۡثَلُهُمۡ طَرِيقَةً

*Kan isaanirra irra yaada qajeelu odoo dhuga'atti dhiyaatuu hin tayin,

إِن لَّبِثۡتُمۡ إِلَّا يَوۡمٗا ١٠٤

104}*Guyyaa tokko qofa keessa teessan je'a ,hangi addunyaa keessa taa'an waa xiqqoo isaanitti fakkaatee dheerina guyyaa qiyaama'aa kan cinqii hammaatun ,hoggaa wal bira qaban

وَيَسۡـَٔلُونَكَ عَنِ ٱلۡجِبَالِ

*Guyyaa qiyaama'aa gaarotiin akkam tayu'uu teessi? je'aniitu si gaafatan ,

فَقُل يَنسِفُهَا رَبِّي نَسۡفٗا ١٠٥

105}*Duuba wanni jettuun: Rabbii khiyyaatu caccabsee hurreessee qilleensaa kennaa.

فَيَذَرُهَا قَاعٗا

*Gaafas isii afamtee dhiisa yookaa godha .

صَفۡصَفٗا ١٠٦

106}*Tan dachi'iin wal qixxaatte.

لَّا تَرَىٰ فِيهَا عِوَجٗا

*Dachii keessatti bakka gad buutu hin agartu,

وَلَآ أَمۡتٗا ١٠٧

107}*Bakka ol fuudhamtu'us hin agartu ,wal qixaa.

يَوۡمَئِذٖ

*Guyyaa qiyaama'aa san kan garriin lammeysa'aa afuufamte,

يَتَّبِعُونَ ٱلدَّاعِيَ

*Nama garrii afuufee , gara dirree qiyaama'aa yaa'aa je'ee isaan yaamu jala, namni hundi deema qooqa isaatin , inni dhagaa beytilmaqdisirra dhaabbateeti lallaba,

لَا عِوَجَ لَهُۥۖ

*Deeminsa irraa maqiinsi hin jirre jala deeman,

وَخَشَعَتِ ٱلۡأَصۡوَاتُ لِلرَّحۡمَٰنِ

*Gaafas qooyxi hundi sodaa Rabbiitii jetteeti cal'ifti,

فَلَا تَسۡمَعُ إِلَّا هَمۡسٗا ١٠٨

108}*Qooqa hoggaa dirree qiyaama'atti ya'an faanti shokhoomsitu malee,waan biraa hin dhageessu.

يَوۡمَئِذٖ لَّا تَنفَعُ ٱلشَّفَٰعَةُ

*Guyyaa qiyaama'aa shafaa'an nam tokkollee hin fayyaddu,

إِلَّا مَنْ أَذِنَ لَهُ ٱلرَّحْمَٰنُ

*Nama Rabbiin namni isa shafa'uu fedhe malee ,takkaa inni nama shafa'uu fedhe malee

وَرَضِيَ لَهُۥ قَوْلًا ﴿١٠٩﴾

109}*Rabbiin jecha {laa ilaaha illallaahu Muhammadun rasuulullaahi} isaaf jaalatee ,qunnamsiisee , islaamumma'arratti du'ee,kan Rabbiin namni isa shafa'uu takkaa inni nama shafa'uu jaalateef ga-afas shafaa'an ni fayyaddi.

يَعْلَمُ مَا بَيْنَ أَيْدِيهِمْ

*Rabbiin waan fuula khalqi'ii yookaa waan inni uumee dura jiru beekha, waan isaan aakhira'atti qunnamu'uu jiraatan beekha,

وَمَا خَلْفَهُمْ

*Rabbiin waan isaan duubaa kan isaan add-unya'atti irra dabran beekha,

وَلَا يُحِيطُونَ بِهِۦ عِلْمًا ﴿١١٠﴾

110}*Ammoo gabroonni, waan isaan itti dhufu'uu jiraataniifii, waan isaan irra dabran hunda hin beekhan.

وَعَنَتِ ٱلْوُجُوهُ

*Fuulli hundi gad je'e, kaafira tayuu islaama tayuu

لِلْحَيِّ

*Rabbii jira'aaf kan jiruun isaa jalqabaafii dhuman qabne,

ٱلْقَيُّومِ ۖ

*Kan dhimma yookaa amrii waan uumamee hundaan dhaabbatu,

وَقَدْ خَابَ

*Dhugumaan hoongaye,

مَنْ حَمَلَ ظُلْمًا ﴿١١١﴾

111}*Namni dilii kufri'ii ba'ate, namni Ra-bbitti waa qindeesse.

وَمَن يَعْمَلْ مِنَ ٱلصَّٰلِحَٰتِ

*Namni ibaadaa Rabbii dalage,waan gaarii dalage,

وَهُوَ مُؤْمِنٌ

*Isaa Rabbitti amanu, isaa iimaana qabu

فَلَا يَخَافُ ظُلْمًا

*Miidhaa hin sodaatu, dilii inni hin dalag-iniif qixaaxamuu hin sodaatu,

وَلَا هَضْمًا ﴿١١٢﴾

112}*Ammallee sawaaba waan gaarii inni dalagee narraa ir'isanii hin sodaatu .

وَكَذَٰلِكَ

*Akkasitti

أَنزَلْنَٰهُ قُرْءَانًا عَرَبِيًّا

*Qur'aana afaan arabaatin buufne bara 23 keessatti, {wanni arabaan buufneef akka ummanni arabaa, kan islaama dura dhaabatu hoggaa qur'aana dhagaye waan namni fiduu

hin dandeenyee beekhufi },

*Qur'aana keessati waan nama sodachisu deddeebifnee dubbanee jirra, وَصَرَّفْنَا فِيهِ مِنَ ٱلْوَعِيدِ
*Akka Rabbiin isaanii sodatanii amananiif, لَعَلَّهُمْ يَتَّقُونَ

113}*Takkaa akka qur'aanni kun yaaddan- أَوْ يُحْدِثُ لَهُمْ ذِكْرًا ﴿١١٣﴾

naa isaanii fiduuf waan gorfamaniin kan akka qissaa warra dur kan kafaree badee ,isaanif dubbatee,akka saniin gorfamanii, waan Rabbiin irraa dhooww-erraa dhoowwamanii waan inni itti ajaje dalaganiif jecha .

*Rabbiin guddate, ol taye, فَتَعَـٰلَى ٱللَّهُ
*Mootii firdiin isaa bakka gayuu hin oolle, ٱلْمَلِكُ
*Rabbiin haqa kan dhabamuun isaan hin malle, ٱلْحَقُّ
*Qur'aana jarjaraan hin qara'in , وَلَا تَعْجَلْ بِٱلْقُرْءَانِ
*Odoo jibriil siif irra bayuun hin dhumin مِن قَبْلِ أَن يُقْضَىٰٓ إِلَيْكَ وَحْيُهُۥ ۖ

dura qaraatii jibriil dhaggeeffadhuu,eega inni irraa raaw'atee qara'i na jalaa badaa hin sodaatinii, gaafa duraa nabi Muhammad hoggaa jibriil irra bayuuf jala deemee qara'a akka jalaa hin banneef, ammoo eeganaa ni dhageeffataafii eegasii akkuma jibriil irra bayeefitti qara'a kan waa takka irraa hin irraanfanne.

114}*Yaa Rabbi qur'aana narratti buusu'uun beekkomsa naa ida'i je'i,duuba akkuma inni bu'uun beekkomsi isaaf ida'amuu ture, qur'-aanni irra caalaa waan beekkomsa Rabbii argataniini. وَقُل رَّبِّ زِدْنِى عِلْمًا ﴿١١٤﴾

*Dhugumaan aadamiif dhaamsa dhaamnee jirra ,muka tokko jannata keessatti hin nya-atin jenneenii irraa dhoowwinee baallama irraa fuune, وَلَقَدْ عَهِدْنَآ إِلَىٰٓ ءَادَمَ
*Odoo inni muka san hin nyaatin dura , مِن قَبْلُ
*Duuba dhaamsa keenya sun irraanfatee da-laga'arra oolchuu dhiise,ibliis,dagee , waan Rabbiin muka san nyaatuu aadamitti muree dabarseef jecha , فَنَسِىَ

115}*Waan nuti irraa isa. Dhoowwinerraa muratee obsuu isaa hin agarre وَلَمْ نَجِدْ لَهُۥ عَزْمًا ﴿١١٥﴾

*Gaafa malaayka'aan aadamiif sujuuda, khabaja'aa sujuudaa jenne, dubbadhu,
*Duuba wanni malaaykaa taye hundi sujuudde, takkaayuu gad jette,ibliis malee
116}*Ibliis sujuuduu dide nama biyye'erratti uumte fan sujuudaa anaatu irra caalaa ibiddarraa na uumtee isa biyye'erraayi je'ee, duuba hoggaa sanan rahgmata kiyyarraa isa darbe.

وَإِذْ قُلْنَا لِلْمَلَٰٓئِكَةِ ٱسْجُدُوا۟ لِءَادَمَ
فَسَجَدُوٓا۟ إِلَّآ إِبْلِيسَ
أَبَىٰ ﴿١١٦﴾

*Tanaaf jecha aadamiin akki jenne .

فَقُلْنَا يَٰٓـَٔادَمُ

*Ibliisin kun diina kheetifii kan jaartii teetii haawatii .
*Jannatarraa,heelaa godhee isin hin baasin godoo yookaa biiluu isinirraa bayu'uu jecha . Waan sababaa keetin rahmata Rabbirraa darbameef jecha .
117}*Duuba yoo jannatarraa isin baasa ni cinqamtaa, qonnaafii facaasu'uufii, haamu'uufii daaku'uufii, biddeeneysu'uufii, waan biralle'een kan jannata keessatti cinqii ,takka malee nyaattanii dhuydan .

إِنَّ هَٰذَا عَدُوٌّ لَّكَ وَلِزَوْجِكَ
فَلَا يُخْرِجَنَّكُمَا مِنَ ٱلْجَنَّةِ
فَتَشْقَىٰٓ ﴿١١٧﴾

118}*Ati yaa{aadam}jannata keessatti hin beeloytu .Ammallee hin daartu qaamni keessi beelan sin qullaayuu gubbaan uffata dhabaaf sin qullaayuu jechu'u.

إِنَّ لَكَ أَلَّا تَجُوعَ فِيهَا وَلَا تَعْرَىٰ ﴿١١٨﴾

*Ati jannata san keessatti hin dheebottu,

وَأَنَّكَ لَا تَظْمَؤُا۟ فِيهَا

119}*Ammallee aduun sin gubdu,waan aduun achi hin jirreef dheebun qaama keessa sin gubdu, aduun gubbaa sin gubdu jechu' .

وَلَا تَضْحَىٰ ﴿١١٩﴾

*Duuba ibliis aadam waswaasee akki je'een,

فَوَسْوَسَ إِلَيْهِ ٱلشَّيْطَٰنُ قَالَ

*Yaa aadam muka namni isa nyaate inumaa hin duune, kan zalaalamii jiraatuu sii himuu? itti si qajeelchuu?
120}*Kan namni muka san nyaate moo tummaa hin moofoyne , takkaa hin dhumne argatu si garsiisuu je'eenii sanirratti Rabbiin khakhateef, aadam inni kakannaan dubbii

يَٰٓـَٔادَمُ هَلْ أَدُلُّكَ عَلَىٰ شَجَرَةِ ٱلْخُلْدِ
وَمُلْكٍ لَّا يَبْلَىٰ ﴿١٢٠﴾

ibliis dhugaa seyee.

فَأَكَلَا مِنْهَا

*Aadamiifii hawwaan, muka sanirraa waa nyaatan, mukni sun qamadii takkaa tiin takkaa ka biraati,

فَبَدَتْ لَهُمَا سَوْءَٰتُهُمَا

*Duuba hoggaa nyaatan faayni jannataa kan isaan uffatan irraa bu'ee, qaamni isaan lamaanii qullaa tayee,saala ifiitifii kan walillee argan, duraa duuban ,

وَطَفِقَا يَخْصِفَانِ عَلَيْهِمَا مِن وَرَقِ ٱلْجَنَّةِ ۚ

*Hoggaa huccuun irraa buutee, bakki namni irraa qaanfatu qaama isaanirraa mul'atte ka'aniiti baala mukaa walitti maxxansanii, bakka saalarraa if kaayan , qaanfatuu keessa,

وَعَصَىٰٓ ءَادَمُ رَبَّهُۥ

*Akkasitti aadam Rabbii isatti balleesse waan Rabbiin irraa dhoowwe keessa bu'uudhan, odoo keessa bu'uu hin yaadin ,maalif wanni aadam yaade Rabbiin if eegaa, akka sheyxaanni jannatarraa isin hin baafne tayaa nuun je'ee, waanuma jannata keessaa bayuu dhabu'utti nu geessi, haa dalaynuu waan sheyxaanni jannatarraa nu baasu'uu nu dalaysiisurraa haa fagaannuu je'aniiti mala sheyxaanni fidu kan jannatarraa isaan baasu ifirraa deebisu'uuf qophaayan,haa tayuu sheyxaanni karaa isaan baasu'uutii mitii, karaa isaan tursiisu'uutin isinitti dhufee, muka kana nyaattan ni waartan je'ee, waan waan gaarii isaanii yaadu seyanii, yaada jannata keessa turu'uutin nyaatan, yaada dubbii Rabbii didu'uutinii mitii,

فَغَوَىٰ ﴿١٢١﴾

121}*Duuba akkasitti aadam waan barbaadu dhabe sun jannata keessa zalaalamii taa'uudhan, waan sheyxaanni je'aniin gowwoomee.

ثُمَّ ٱجْتَبَٰهُ رَبُّهُۥ

*Eeguma muka san nyaatee Rabbiin {aadam} dhiyeessee towbaa isaa qeebalee, yookaa jaalatee,

فَتَابَ عَلَيْهِ

*Duuba towbaa isaa qunnamsiisee irraa qeebalee,

وَهَدَىٰ ﴿١٢٢﴾

122}*Akkasuma towba'arratti waaru'utti isa qajeelche.

قَالَ ٱهْبِطَا مِنْهَا جَمِيعًا ۖ

*Rabbiin akki je'e: isin lamaan waan horu'uu jiraattaniin wajji jannatarraa lafatti bu'aa hundi keessan .

بَعْضُكُمْ لِبَعْضٍ عَدُوٌّ ۖ

*Gariin ilmaan keessanii garii isaanitiif

xilaataa,wal miidhanii,takkaa namni Rabbiin jannatarraa bu'aa je'een aadamiifii hawwa'aafii bofaafii ibliis,ibliisifii bufni xilaata aadamiifii hawwa'aafi ilmaan isaaniti,

فَإِمَّا يَأْتِيَنَّكُم مِّنِّي هُدًى

*Duuba yaa aadamiifii ilmaan aadam yoo ergamaan takkaa kitaabni narraa isinitti dhufe, kan karaa kiyya isin qajeelchu,

فَمَنِ اتَّبَعَ هُدَايَ

*Namni isinirraa ergamaa kiyya jala deeme takkaa kitaaba kiyya jala deeme ,

فَلَا يَضِلُّ

*Addunyaa keessatti karaa badee hin rakkatu,

وَلَا يَشْقَىٰ ﴿١٢٣﴾

123}*Aakhira'attis azaaba mudatee hin rakkatu.

وَمَنْ أَعْرَضَ عَن ذِكْرِي

*Namni diinaa kiyyarraa gara gale itti amanuu didee,

فَإِنَّ لَهُ مَعِيشَةً ضَنكًا

*Nama saniif jiruu dhipho`ootu jira odoo gama hori'iitin itti ba'attelle'ee qalbiin isaa rakkoo keessa jirti, waan azaaba kuffaaraa qophaaye if duratti quba qabuuf, takkaa jiruun rakkoon kaafirri jiraatu azaaba qabri'iiti sun qabriin itti dhiphattee, cinaachi isaa wal dabru'uu, ammallee jawween gurguddoon sagaltamii sagal itti maddabamtee, hanga guyyaa qiyaama'atti isaan nyaatu'uu,

وَنَحْشُرُهُ يَوْمَ الْقِيَامَةِ أَعْمَىٰ ﴿١٢٤﴾

124}*Nama diinaa kiyyatti kafare guyyaa qiyaama'aa ija malee dirree qiyaama'aa geessina dhaabna.

قَالَ رَبِّ لِمَ حَشَرْتَنِي أَعْمَىٰ

*Yaa Rabbi maalif ija malee dirree qiyaama'aa na dhaabde,

وَقَدْ كُنتُ بَصِيرًا ﴿١٢٥﴾

125}*Addunya'aafii hogga'an qabri'ii bayullee ijan qabaa je'e.

قَالَ كَذَٰلِكَ

*Jennaan Rabbiin akki je'een: dubbiin akkasii,

أَتَتْكَ آيَاتُنَا فَنَسِيتَهَا ۖ

*Siitu aayanni kiyya sitti dhuftee itti amanuu dhiisee, addunya'arrattii,

وَكَذَٰلِكَ الْيَوْمَ تُنسَىٰ ﴿١٢٦﴾

126}*Duuba akka ati aayata keenya dhiiftetti ar'a ibidda keessatti dhiifamta, azabamta.

وَكَذَٰلِكَ نَجْزِي مَنْ أَسْرَفَ

*Akkasitti nama Rabbitti waa qindeesse

وَلَمْ يُؤْمِن بِآيَاتِ رَبِّهِ ۚ

*Kan aayata Rabbii isatti hin amanin qixaana'a ,

وَلَعَذَابُ ٱلۡأٓخِرَةِ أَشَدُّ *azaaba aakhira'aatitu azaaba addunya'arra jabaa,

وَأَبۡقَىٰٓ ﴿١٢٧﴾ **127}***Ammallee irra tura,takkaayuu waara.

أَفَلَمۡ يَهۡدِ لَهُمۡ *Si orma kuffaaratiif hin mul'annee ,

كَمۡ أَهۡلَكۡنَا قَبۡلَهُم مِّنَ ٱلۡقُرُونِ *Ummanni hedduun nuti isaan dura lafarraa fin'e, waan isaan anbiyoota kijibsiisaniif jecha,

يَمۡشُونَ فِي مَسَٰكِنِهِمۡۚ *Kan ona isaan irra dhuman keessa yaa'an keessattuu hoggaa shaam dhaqan, duuba waan argan saniin hin gorfamanii?

إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَٰتٖ *Waan san keessaa gorsaatu jira,

لِّأُوْلِي ٱلنُّهَىٰ ﴿١٢٨﴾ **128}***Warra aylii qabuuf .

وَلَوۡلَا كَلِمَةٞ سَبَقَتۡ مِن رَّبِّكَ *Odoo Rabbiin orma kuffaaraa kan si kijibsiisu kanarraa azaaba isaanii aakhira'attin achi dabarse je'ee dabarsuu baatee, takkaa muruu baatee,

لَكَانَ لِزَامٗا وَأَجَلٞ مُّسَمّٗى ﴿١٢٩﴾ **129}***Silaa azaabni addunya'arratti itti bu'uun isaan qabata waytii isaanii qabamte keessatti odoo Rabbiin nabi Muhammadii je'ee azaaba isaanirraa booda aansuu baatee,odoo hanga azaabni isaanirraa booda aanu isaanii godhuu baatee ,silaa azaabni addunyuma tanatti isaanitti bu'a,akkuma warra duritti bu'etti, qaaxaroon isaan dhuman isaanii qabamtee kan qaaxaroon sanirraa boodan aanne.

فَٱصۡبِرۡ عَلَىٰ مَا يَقُولُونَ *Waan kuffaarri siin je'urratti obsi heerri obsu'uu kun odoo hin jihaanne karaa hin godhamini eegasii lolaan ifirraa deebisa ,

وَسَبِّحۡ *Salaata shaman salaati, wanni{sabihg} je'eef,bakka {salli} je'u, tasbiihgatu salaata keessa jira'aafi ,

بِحَمۡدِ رَبِّكَ *Rabbii kee faarsu'uun wajji

قَبۡلَ طُلُوعِ ٱلشَّمۡسِ *Odoo aduun hin baane, salaata subhgi'ii salaati,

وَقَبۡلَ غُرُوبِهَاۖ *Ammas odoon hin seenne asrii salaati,

وَمِنۡ ءَانَآيِٕ ٱلَّيۡلِ فَسَبِّحۡ *Saa'aa halkaniitis salaati salaata maghribaatifii ishaa'iidhaa salaati,

*Moggaa lamaan guyya'aattis salaata zuh- وَأَطْرَافَ ٱلنَّهَارِ

ri'ii salaati,zuhriin wal'akkaa guyya'arratti dalagama wal'akkaan sun moggaa cinaa guya'aa kan duraatifii moggaa cinaa boodaa kan guyya'aati , namni gariin akki je'u salaanni odoo aduun hin baanef salaatan subhgi'ii kan odoo aduun hin seenne salaatan asri'ii kan halkan salaatan ishaa'iidhaa kan moggaa lamaan guyya'aa salaatan zuhri'iifii maghriba maalif zuhriin dhuma cinaa duraa kan guya'arratti argamaa maghribni dhuma cinaa bodaa kan guyya'arratti argamaa,

130}*Akka waan Rabbiin sii kennu jaala- لَعَلَّكَ تَرۡضَىٰ ١٣٠

ttuuf, takkaa akka sawaaba si jaalachiisu kennamtuuf salaati.

*Waan nuti gosa kuffaaraa, nama adda addaati kennine وَلَا تَمُدَّنَّ عَيۡنَيۡكَ إِلَىٰ مَا مَتَّعۡنَا بِهِۦٓ أَزۡوَٰجٗا مِّنۡهُمۡ

*Faaya jiruu addunya'aa daraaraa isi`ii زَهۡرَةَ ٱلۡحَيَوٰةِ ٱلدُّنۡيَا

ijaan achi hin laalin, kennaan nuti horii guddaa, kuffaara gosa gosaatii kennine isaan jaalalaafii mitii ammallee isaantu haqa godhota'aafii mitii, wanni isaanii kennineef,

*Horii san keessatti isaan mokkoru'uufii hanga kafaranii kufrii isaanitiin azaaba haqa godhatanitti, لِنَفۡتِنَهُمۡ فِيهِۚ

*Sawaaba Rabbii keetii kan mu'minaaf jannata keessatti kennuutu waan kuffaarri addunyaa keessatti argaterra caala, وَرِزۡقُ رَبِّكَ خَيۡرٞ

131}*Ammallee irra hafa addunyaan ni وَأَبۡقَىٰ ١٣١

deemti aakhiraan ni haftii ,wanni namarratti jiru ,waan irra caalu kan hafuuf dalagu'u , sun jannataafii qananii isa keessa jirtuu, waan dabree dhabamuuf bololuu dhiisuu wanni Rabbiin azalitti isaaf qoode addunyaadharraa itti bololuu, bololuu baatuu isaaf dhuftii.

*Aalii tee,ummata kee salaatatti gorsi, ajaji, وَأۡمُرۡ أَهۡلَكَ بِٱلصَّلَوٰةِ

*Ati salaatarratti obsi haa sirratti laallatanii , وَٱصۡطَبِرۡ عَلَيۡهَاۖ

*Rizqii teetifii tan nama biraa barbaadu'utti sin dirqinu لَا نَسۡـَٔلُكَ رِزۡقٗاۖ

*Nuutu si razaqaa,ati ibaadaa tiyyaaf dala- نَّحۡنُ نَرۡزُقُكَۗ

gi rizqiin waanan siif qabee waanin an siif if qabee jettee ifin dhibin , waanin if siin qabiniif dalagi,nabi Muhammed yoo rakkoon warra isarratti argamte, warra isaa yaameti salaatatti kaasa, namni salaatu rizqii isaatifii ta warra isalle'eef hin rakkatu makgnaan kanaa: waytii salaataa salaatee, waytii taan waan

biraa kan Rabbiin itti isa ajaje, dalagu'u rafu'uu mitii,ammallee bololu'uu mitii, waa hunda keessatti Rabbi sodaatee,

وَٱلۡعَٰقِبَةُ لِلتَّقۡوَىٰ ١٣٢

132}*Jannanni kan warra Rabbi sodatutii, isaanif Rabbiin uumee.

وَقَالُواْ لَوۡلَا يَأۡتِينَا بِـَٔايَةٖ مِّن رَّبِّهِۦٓۚ

*Kuffaarri makkaa maalif Muhammad as-xaa yookaa alaamaa inni ergama tayu'uu nuun finne itti amannaa je'an, duuba Rabbiin akki je'een:

أَوَلَمۡ تَأۡتِهِم بَيِّنَةُ مَا فِي ٱلصُّحُفِ ٱلۡأُولَىٰ ١٣٣

133}*Si qur'aanni waan ummanni dur kan-neen anbiyoota khijibsiisan taye isaanii addeessu kan waan kitaabban dur ke-essa jiru hunda isaanii himu isaanii hin dhufnee ma'naan kanaa,qur'aana waan ummanni dur taye isaanii odeessu kan wanni inni odeessu hundi dhugaa ta-yuun isaanii mul'atte dhiisaniiti waan inni je'u qeebaluu didanii odoo inni mu-'jizaa guddoo tayuu arganuu mu'jizaa biraa barbaadan moroma'aaf jecha .

وَلَوۡ أَنَّآ أَهۡلَكۡنَٰهُم بِعَذَابٖ مِّن قَبۡلِهِۦ

*Odoo orma kuffaara san odoo nabi Muha-mmad erginee,qur'aana irratti buufnee ,isaan hin gorsine azaaba, yookaa balaa isaanitti buufnee, lafarraa fin'ee

لَقَالُواْ

*Silaa guyyaa qiyaama'aa je'uuf jiraatan

رَبَّنَا لَوۡلَآ أَرۡسَلۡتَ إِلَيۡنَا رَسُولٗا

*Yaa Rabbii khiyya maalif ergamaa kee nuttin ergin .

فَنَتَّبِعَ ءَايَٰتِكَ

*Silaa aayata kee waan inni nuttiin dhufe dhugo'oomsinee jala deemnaa

مِن قَبۡلِ أَن نَّذِلَّ

*Odoo guyyaa qiyaama'aa kana hin xiq-qaanne ,

وَنَخۡزَىٰ ١٣٤

134}*Odoo asittin qaanoyne yookaa hin qaanyoyne.

قُلۡ

*Orma kuffaaraa kan mu'jizaa sirra barba-adu ,kan mu'jizaa nuti si kennine diduun akki jettu .

كُلّٞ مُّتَرَبِّصٞ

*Hundi keenya nuufii isinirraa waan dubbiin teenya tayu'uu deemtu bakka itti dhumtu eegaa ..

فَتَرَبَّصُواْۖ

*Eegaa .

فَسَتَعۡلَمُونَ

*Guyyaa qiyaama'aa beekhu'uuf teessanii .

مَنۡ أَصۡحَٰبُ ٱلصِّرَٰطِ ٱلسَّوِيِّ

*Warra karaa diriira'arra jiru .

وَمَنِ ٱهۡتَدَىٰ ١٣٥

135}*Ammallee nama qajeele beekhu'uuf teessanii.